



Qorichoota dhukkubbii garaa baqaqsanii dessisuun boodatti

Opporeeshinii booda dhukkubbiin dhaga'amuun baramaa dha. Dhukkubbii kana to'achuun akka fayyitu si gargaara.

Dhukkubbiin erga baqaqsanii dahan booda namatti dhagayamtu nama hundafuu adda adda.

Dhukkubbii kee toohachuuf maaltu akka sitti dhagayamuutti jiru hojjetootatti himuudhaan to'achuu dandeessa. Dhukkubbii yeroo dafanii yaalan hirdhisuun salphata.

Hojjetootatti himi yoo dhukkubbiin kee:

- giddu galeessa ykn cimaa ta'e
- ofii ykn daa'ima kee kunuunsuu irraa yoo ka si dhoorku ta'e
- qoricha dhukkubbii erga fudhattee sa'aatii tokkoo ol booda jijjiramni yoo jiraatuu baate ykn hammaachaa yoo deeme.

Qoricha dhukkubbii kee fudhachuu

Qorichi dhukkubbii isin argattan gosa da'umsa keessanii, seenaa yaalaa keessanii fi qoricha biroo isin fudhattan kamiyyuu irratti hundaa'a.

Yeroo murtaa'etti qoricha dhukkubbii tokko tokko ni argatta. Qorichi dhukkubbii kee yeroo siif kennamu fudhachuun barbaachisaa dha.

Qorichootni dhukkubbii cimaaf kennaman ni jiru Qoricha dhukkubbii hirdhisu cimaa yoo barbaadde deessiftuu (midwife) kee beeksisi.

Miidhaa qorichi dhukkubbii namatti fidu

Yeroo tokko tokko, qorichi dhukkubbii waan hin barbaadammin namatti fiduu danda'u, kanneen akka:

Qaama hooqsisuu

Namoonni baay'een yeroo opporeeshinii morfiin (morphine) karaa lafee dugda ykn epidural fudhatu. Kunis erga da'umsa booda dhukkubbii to'achuuf gargaara, garuu nama hooqsisaa/nyaata. Yeroo baay'ee hooqumsa kun sa'aatii 12 hanga 24 booda ni bada. Yoo barbaaddan qoricha hooqsisaa gaafachuu dandeessu.

Lolloojjii ykn haqqee

Qorichoonni dhukkubbii cimaan yeroo tokko tokko lolloojjii ykn nama haqqisiisa. Yoo si barbaachise qoricha lolloojjii ykn haqqee gaafachuu dandeessa.

Gogiinsa garaa

Qorichoonni dhukkubbii cimaan garaa si gogsuu danda'u, kana jechuun sagaraa baasuun sitti ulfaachuu danda'a. Wantoonni biroo kan akka opporeeshinii, bishaan gahaa dhuguu dhabuu fi socho'uu dhabuunis kana fiduu danda'u. Bishaan dhuguu fi kutaa keessan keessa socho'uun isin gargaara. Ammas rakkoon kun yoo itti fufe, qoricha gogina garaa ni jira. Qoricha kana yoo barbaaddan opporeeshinii booda guyyoota jalqabaa keessatti akka fudhattan hedduu gorfama.

Odeeffannoo fi gorsa dabalataaf

Garee Tajaajila Dhukkubbii Cimaa irraa nama tokko waliin akka dubbattu gaafadhu.

Turjumaana si barbaachisa?



Interpreter

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja)

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.

Guyyaa yookiin halkan sa'aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.

1800 737 732 (tajaajila deeggarsa sa'aatii 24)

1800respect.org.au